Iyyannoon torbee akkamittiif yoom akka galfamu

Edda gargaarsa hoj-dhabdummaaf iyyattee booda, gargaarsa argachuu jalqabuuf iyyannoo torbee turban itti'aanuu tti galfachuu qabdu. Achiin booda, torbeedhan iyyannoo galchuutu isinirra jira anga gargaarsi keessan akka dhaabbatu barbaadanitti.

Akkamitti akka galfamu

Deebii haalan saffisaan argachuuf iyyannoo torbee karaa marsaa intarneetii (online) galchaa. Erga keessa seentee booda, dammaqsitoota akaawuntii keessatti ergaa argita. Qabsiiftuu sana tuqiitii ajajoota hordofi. Dabalataan Qajeelcha Fayyadamtoota eServices keessatti baraadhaa.

Yoom akka galfamu

- Yoo ***compiyutara irratti galchitan***, yeroo kamiiyyuu sa'aa 12:00 w.d. gaafa Dilbataa fii sa'aa 11:59 w.b. gaafa Sanbataa.
- Yoo ***bilbilaan galchitan,*** maashinii atomatikaa fayyadamii (**12 w.d. Dilbata – 4 w.b. Jimaata,** yoo Jimaatni guyyaa ayyaanaa ta'e malee) ykn ittigaafatamaa iyyaatootaa waliin haasay (**Wiixata – Jimaataa sa'aa 8 a.m. – 4 p.m.** guyyaa ayyanotaa yoo ta'e malee).
- Torban gargaarsa argachuuf iyyachuu barbaadan mara.
- Yoo gargaarsa hoj-dhabdummaatii iyyachuu baatan anga dhuma torbeetti dhiyaatuutti, guyyaa dalagaa lama iyyannoon keessan akka ilaalamuuf eeyyamaa otoo torbee isa itti'aanu iyyannoo torbee jalqabaa hingalchin.

Iyyannoo torbee torban mara galchuu qabdu, otuma waantota kana eegaa jirtaniillee:

- Gargaasotaaf ulaagaa guutuu keessan addan baafachuuf.
- Mindaafi sa'aatota iyyannoo keessan irratti dabalchiisuf.
- Gargaarsi didamuun irra deebi'amee akka isinii ilaalamu iyyachuuf.

Fooyya’insa iyyannoo Torbee COVID-19 (koronaavaayiras)

Hojjatootaf hojjachistota COVID-19n dhiibban irra qaqabeef seeronni muddamaa bayeera. Fuula Learn COVID-19 irratti dabalataan baradhaa.

Yoo dandeetin dalaguu keetii COVID-19n dhiibban irra qaqabe, qajeelfama dabalataa muraasa kana gadii yeroo iyyannoo torbee kee guuttan akka isin gargaaruf daballe.

Odeeffannoo barbaachisaa *(Bitootessa 22, 2020 fooyyaye)*

- "Torban eeggannoo" iyyannoowwan gaafa Bitootessa 8, 2020 ykn booda galchamaniif akkuma qama seroota muddamaa COVID-19 tti kaafamaniiru.
- Dalagaa barbaadun amma filanoodha anga Waxabajjii 17, 2020 tti (Kun dheereffamuu ni danda’a. www.esd.wa.gov laali fooyya’insa ta’aniif). Yoo dalagaa barbaachun fillannoo ta’ee jirutti gaafii “Akka gorfamteetti hojii barbaaduuf carraqxee turban amma iyyataa jirtuuf” jedhuufi lakki jettee deebisuu dandeessa. Carraaqii barbaachuudhaaf lakki jettee gabaasun gargaarsa kee hin tursiisu.

Gaafiwwan iyyannoo torbee keesan irratti

Gaafiwwan ESDn yeroo iyyannoo torbee keessan galchitan gaafatu tokkuma karaa marsaa intarneetitiin ykn bililaan galchitanis.

1. Guyyaa hunda dandeettii qaamaa hojii hojjechuu qabda ,hojjechuufis qophii dha turtee?
    - Yoo wanna dhaabbileen sababa COVID-19 tin cufamaniif hojii dhabde ykn COVID-19n qabamuuf haalan saaxilamaa taate fi akka qobaa-ofibaaftu gorfamte, ammallee gaafii kanaaf “Eyyee” jettee deebisuutu isinirra jira.
2. Akka gorfamteetti hojii barbaaduuf carraqxee turban amma iyyataa jirtuu keessa?
    - Dalagaa barbaadun amma filanoodha anga Waxabajjii 17, 2020 tti (Kun dheereffamuu ni danda’a. www.esd.wa.gov laali fooyya’insa ta’aniif). Yoo dalagaa barbaachun fillannoo ta’ee jirutti gaafii kanaaf “Lakki” jettee deebisuu dandeessa.
    - Yoo gaafii kanaaf “Eyyee” jettee deebiste, gaafii dabalataa wayee karaa qunnamtii hojjachiisaa ykn carraqiwwani fi tarree barbaacha dalagaa gaafatamta.
    - Karaa qunnamtii hojjachiisaf, qunnamtii goote maraaf waantota kanaa gadii tarree barbaacha dalagaa keetii irraa akka dhiyeessitu barbaadama: guyyaa; maqaa dhabbatichaaf tessoo gutuu; bilbila ykn imeelii dhabbatichaa; akkamitti qunnamtiin godhame; gosa dalagaa barbaada turtee.
3. Hojii argattee fudhachuu diddeetta yookan gaaffiif deebii hojiif wamamtee hafteetta?
4. Gargaarsa hojjettoota yookan ammo kan midhamtoota yakkaa gaafattee argatteetta?*
5. Gaaffii soorata jijjiirachuu dhiyyeffateetta yookan jijjiirama argattetta?*

6. Kaffaltii guyyaa ayyaanota hojjachiisaa kee yeroo-mara irraa guyyaa torban iyyattee kamiifuu argatteetta ykn argachuuf deemtaa?*
7. Kaffaltii yeroo aara galfii guyyaa torban iyyattee kamiifuu argatteetta ykn argachuuf deemtaa?*
8. Kaffaltii beeksisa hojii dhaabuu ykn kaffaltii hojii dhaabu guyyaa torban iyyattee kamiifuu argatteetta ykn argachuuf deemtaa?*
9. Miseensa warra murtee kennuu (jury) taatee tajaajiltee?*
10. Walitti aansudhaan sa'aa 72 oliif dalagaa Waraana Fuula Duraaf Olka'amee ykn Tiksaa Biyyolessaa keessa dalagdee?*
11. Dalagaa ofii-keetii keessa dalagdee?*
12. Hojjachisaa kamiifuu dalagdee torbee darbe?*

*** Galiiwwan Gabaasi torban itti dalagdeef, torban itti kafaltii fudhateef otoo hin ta'in.** Hamma ta'e gutuu waan hirdhifamaanin duraa gabaasi. Galagaa ofii-keetiif galii baasii irra afe gabaasi. Sa'atota ykn guyyoota waliigalaa galii argattanis ni gaafatamtu.

Yoo torbee keessa dalagde dhiyeesudhaf qophaayi:

- Hamma torbee sana argatte, otumallee isinii kaffalamuu baatee. (Galiiwwan kan dabalatan kaffaltii tajaajilota dhuufatii argattan mara, mindaa, dabalata, gatii kennaa karaa qarshiidhan ala kaffalame, fi gatii tiipii dabalatee.)
- Torbee sana keessa sa'aa meeqa akka dalagdan.
- Maqaa daldaltii hojjachisaa keessanii.
- Teessoo daldalaa guutuu hojjachisaa keessanii.
- Torban kana keessa guyyaa dalagaa itti jalqabde.

Erga galiiwwan keessan galchitanii booda

"Torban dhufuuf hojjachisadhuma duraatif akka dalagdu eegdaa?" kan jedhu gaafatamta. Yoo lakki jettee deebifte, sababa isaa himuu qabdu:

1. Dhabamuu hojii
    - Fakeenyaa, hojjachiisan cufamuu ykn hojiin dhabamuun kan ka'e lakkofsa hojjatoota hirdhisuu ykn qajeelcha fayyaa hawaasaa yeroo golfaa COVID-19.
2. Sa'an hidhachuu hojiin dhabamuudhan.
3. Ariyatamuu
4. Ofiifi dhaabuu
5. Sababa biraa

Galiiwwan gabaasamuu qaban biraa qabduu?

Yoo galiiwwan keessan gabaasamu qabaataniif qabaachuu dhabuu isaanii mirkaneefachuu dhabdan, tarreewan kana gadii fuulota 27-28 Kitaaba Hojjatoota Hinqaxaramneef (Handbook for Unemployed Workers) (PDF, 2.9MB) jiran ilaali.

Deebiiwwan keessan yoo xumuurtan, sirnichi “**Iyyannoon keessan fudhatame**” jedheeti dubbata ykn ergaa agarsiisa.

Galiiwwan gabaasamuu qaban kan dabalatu:

1. Daldala keessanirraa galii baasi irraa afe.
2. Kaffaltii akkaataa biro bakka qarshiitti, kan akka kiraa ykn kutaa fi nyaataa.
3. Kaffaltii dabalataa dalagaa torbee sana hojjatameef.
4. Tiipii akkaataa kamiiyyuu.
5. Kaffaltii aara galfii, guyyaa ayyanota, fi boqonna dhukkubii.
6. Kafaltii Waraana Fuula Duraaf Olka’amee ykn Tiksaa Biyyolessaa keessa dalagdee yoo guyyaa sadii ol walitti ansitee dalagade.
7. Kaffaltii tajaajila warra murtee kennuu (jury).
8. Galiiwwan barnoota hojii kan naannoo (Galiiwwan gargaarsa baraatootaa federalaa (Title IV funds) hin dabalatu).
9. Kaffaltii hoiiachiisaa irraa kan akka kaffaltii duraanii (kaffaltii duraanii yeroo badeef ykn iyyannoo hojjataaf bakka-buusuu) torbeewwan iyyateef.

Gabatee Galiiwwan Hirdhisuu

Ammam iyyannoo torbee keessanii irraa akka hirdhatu murteessuf isin gargaaruf, gabatee Galiiwwan Hirdhisuu amma buusuu dandeessu.

Yoo iyyannoo torbee keessan irratti yoo dogoogortan

Yeroo iyyannoo torbee keessan galchitan dogogora humtan, otoo “**Iyyannoon keessan fudhatame**” kan jedhu dhageetani ykn argitani dura yeroo kamittuu irra deebi’u dandeessu. Yeroo baayyee, ogaa iyyannoo keesan galcha jirtan dogogora sirreessuf carraa ni qabdu.

Erga galchitanii ***booda*** dogogoruu keessan beektan bakka bu;aa iyyannoo bilbiltanii haasofsiisuu qabdu (800-318-6022 **Wiixata – Jimaata sa’aa 7 a.m. – 4 p.m.** guyyaa ayyanota malee) dogogoricha sirreessuf.

Dogogora keesan sirreessuf gidugaleessa iyyannoo bilbiluu dhabuun, darbaa kafalamuu fi gargaarsi keessan akka fudhatam dhabu taasisu danda’a.

Yoo gargaarsa inshuranssii hoj-dhabdummaaf iyyachuu barbaadan ykn gargaarsa inshuraassii irratti gaafii qabaattan, maaloo 1-800-318-6022 bilbilaa. Yeroo bilbiltan tajaajiloota turjumanaa tolaa gaafadha, yoo barbaachise, nama tokkon waayee gargaarsa hoj-dhabdummaa haasawudhaf.